Waamicha

Ummata Oromoo Magaalaa Melbourne fi naannawa isaa jiraattan maraaf;

Yeroo ammaa kana dargaggoonni Oromoo maqaa 'Qeerroo Bilisummaa Oromoo' jedhuun wal ijaaranii, dhaamsa birmatnaa 'Ka'i Qeerroo!' jedhu waliif dhaamuun qabsoo bilisummaa Oromoo dhaalmaan isaan dhaqqabe galmaan gahuuf Ummata Oromoo haamlessanii abdii guddaa itti horaa, diina Ummata Oromoos qabbana dhorkaa jiru. Qabsoo hadhaaftuu Qeerroon Oromoo gaggeessaa jiru hawaasni Oromoo biyya alaa jirru akka quba qabaannuu dhaamsaa fi gaaffii qabanis akkana jedhanii dhaamaa jiran

> *…Nuti Qeerroon biyyaa qarriifaa diinaa jala teenyee golee Oromiyaa mara keessatti sochii taasisnu itti fufnee jiraachuu keenya dhugoomsataa jirra. Nuti Jirraa, qabsoo saba keenyaas itti fufaa jiraa isinoo hawaasni Oromoo biyya alaa jiraattan jirtuu?*
>
> *…Roorroon hammaatte arguu jibbinee abdii of boodaas isin godhannee wareegama nu gaafatu hunda gochuuf sosso'aa jirra. Isin warri biyya bilisa keessa jiraattan dhibee keenya biyya keessa jirtanitti nuuf iyyachuuf; birmata nuuf horuuf wal gurmeessitanii sosso'aa jirtanii? Abdiin isin irraa qabnu akkuma abdannu jiraa?... kan jedhu hiree argatan hundaan dhaammataa jiran.*

Gurmuun Tumsa Qeerroo Bilisummaas dhaamsa lammii Qeerroo Oromiyaa irraa dhaamamaa jiruuf jiraachuu keenya ibsuu fi abdiis ta'uufii qabna jechuun kanneen fedhii qabaniin ijaarame, dhaamsa Qeerroo Oromoo kana hawaasa Oromoon gahuuf waltajjii marii bal'aa qopheessaa jira.

Waltajjii kana irratti argamtanii yaadni ijaaraa isin gumaachitan Qeerroo Oromoo biyya keessatti haamleessa, humneessas waan taheef bakka, guyyaa fi sa'aa armaan gadii kanatti argamtanii Qeerroo Bilisummaa Oromoof akka humna fi abdii taatan waamicha lammummaa kabajaan waamamtaniittu;

Guyyaa: Waxabajjii (June) 30 - 2012

Sa'an: 4:00 wb irraa eegala.

Teessoon:- 231-251 Mt Alexander Road, Ascot Vale VIC-3032

Email;- tumsaqeerroo@gmail.com

Odeeffannoof Website Qeerroo : **Qeerroo.Org** jedhu dubbisaa.

Qabsoon Itti Fufa!!! Gabroomfataan Ni Kufa!!!

Gurmuu Tumsa Qeerroo bilisummaa, Melbourne, Australia